Waggaa 20ffaa... Lak. 1/2004
፳ኛ ዓመት......ቁጥር ፩/፪ሺ፬
20th year .... No. 1/2012

Finfinnee, Guraandhala 16/2004
ፊንፊኔ፣ የካቲት ፲፮ ቀን ፪ሺ፬ ዓ.ም
Finfine, February 24,2012

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለጫ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko ..... Qar. 2.50
ያንዱ ዋጋ ...... ፪ ብር ከ፶ ሳንቲም
Unit Price ..................Birr 2.50

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa ........ 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር ..........
P.O.Box .................

## QABEENTAA

**Labsii Lak. 170/2004**

Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 163/2003 Fooyyessuuf Labsii Bahe .......................................... Fuula 1

## ማውጫ

**አዋጅ ቁጥር ፩፻፸/፪ሺ፬**

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀት፣ ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ .........ገጽ ፩

## CONTENT

**Proclamation No. 170/2012**

A Proclamation Enacted to Revise the Powers and Duties of Oromia National Regional State Executive Organs Amendment Proclamation No.163/2011.................................................Page 1

**Labsii Lak. 170/2004**

**Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lakk. 163/2003 Fooyyessuuf Labsii Bahe**

Labsii Qaamota Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Aangoofi Ga'ee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 163/2003 keessaa sirna bulchiinsaafi misooma lafa baadiyyaa fi magaalaa irra deebiidhaan gurmeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Misoomaa fi bulchiinsi lafa magaalaa sirna odeeffannoo ragaa lafaa fi qabeenya dhaabbataa lafaan walqabatee jiru hammayyeessuun odeeffannoo iftoomina qabu dirirsuun sirna itti gaafatamummaa qabu ijaaruun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Aangoofi ga'ee hojii qaamota raawwachiiftuu tokko tokko irra deebii'uun sirreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannichaa Foyya'ee Bahee Labsii Lakk. 46/1994 Keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**አዋጅ ቁጥር ፩፻፸/፪ሺ፬**

**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀት፣ ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ**

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀት፣ ሥልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ ውስጥ የከተማና የገጠር መሬት ልማት አስተዳደርን እንደገና ማደራጀት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ልማትንና የከተማ መሬት አስተዳደር አሰራርን ከመሬት መረጃና መሬት ጋር ተያይዞ ያለው ቋሚ ንብረት ዘመናዊነትንና ግልፅነት ከተ ላበሰ መረጃ ጋር ተጠያቂነት በሚኖር መልኩ ማደራጀት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

የአንዳንድ አስፈፃሚ አካላትን ሥልጣንና ተግባራቸውን እንደገና ማስተካከል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

ተሻሽሎ በወጣው የክልሉ ህገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀፅ ፵፱(፫)(ሀ) መሰረት የሚከተለው ታውጇል፡፡

**Proclamation No. 170/2012**

**A Proclamation Enacted to Revise the Powers and Duties of Oromia National Regional State Executive Organs Amendment Proclamation No. 163/2011**

**WHEREAS,** it is necessary to reorganize the powers and duties of rural and urban land administration system and development stated in A Proclamation Enacted to Revise the Powers and Duties of Oromia National Regional State Excutive Organs No. 163/2011;

**WHEREAS,** it has become necessary to undertake appropriate management and development of urban land and immovable property in the modern information system to ensure transparency and reliable urban land management system;

**WHEREAS,** it is necessary to amend the powers and duties of some executive organs;

**NOW, THEREFORE,** in accordance with Article 49(3) (a) of the Revised Constitution of the Region No.46/2001 it is hereby proclaimed as follows.

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Aangoo fi Ga'ee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 163/2003 Fooyyeessuuf Labsii Bahe Lak. 170/2004" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Fooyya'iinsa**

**1) Hiikkaa**

Labsiin Lak. 163/2003 Keewwata 2 Keewwata Xiqqaa 17tti aanee Keewwanni Xiqqaan 2(18) haaraa hiikaan jechaa dabalamee jira.

18) **"Kaadastara (Legal kadestral map)"** jechuun sirna qabiyyeen lafaa fi qabeenyi dhaabbataan lafaan walqabatee jiru ittiin galmaa'uu fi beekamuuf ragaa qophaa'u ykn kennamu jechuudha.

2) Labsiin Lak. 163/2003 akka armaan gadiitti fooyya'ee jira.

Keewwanni 12(13) Maqaan Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo jedhu akka armaan gadiitti fooyya'ee jira;

13) Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo.

3) Keewwanni 27 Aangoo fi Ga'een Hojii Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo akka armaan gadiitti fooyya'ee jira;

Biiroon Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.

1) Imaammata, tarsiimoo fi seerota lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo qopheessee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa, yammuu mirkanaa'u hojii irra ni oolcha, hojii irra oolmaa isaa ni hordofa, ni to'ata;

2) Lafa baadiyyaa naannichaa ni bulcha, qabiinsa ragaa lafaa hammayyaa ta'e ni hojjata, hojii kaadastaraa ni raawwata;

3) Karoora itti fayyadama lafa baadiyyaa ni qopheessa, yammuu mirkanaa'u hojii irra ni oolcha, akka hojii irra oolu ni taasisa, hojii irra ooluu isaa ni to'ata, deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;

4) Lafti baadiyyaa haala faayidaa isaatiin akka addaan bahu ni taasisa, haala barbaadameen hojii misoomaatiif akka oolu qaamota adda addaatiif karoora isaa waliin dabarsee ni kenna, ni to'ata;

5) Lafa baadiyyaa ilaalchisee qabiyyee lafaa akkaataa seeraatiin ni galmeessa, ni safara, waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa qopheessee qaama hayyamameef ni kenna, waliigaltee mirga ittifayyadama lafa kireessuu, waliin misoomsuu, kennaan ykn dhaalmaan dabarsuu ilaalchisee ni galmeessa, ni mirkaneessa;

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት አስፈፃሚ አካላትን እንደገና ለማደራጀት፣ ስልጣንና ተግባራቸውን ለመወሰን የወጣውን" አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፸/፪ሺ፬ ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

**፪. ማሻሻያ**

**፩) ትርጓሜ**

በአዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ አንቀጽ ፪ ንዑስ አንቀጽ ፲፯ ቀጥሎ አዲስ ንዑስ አንቀጽ ፪(፲፰) የቃል ትርጓሜ ተጨምሯል።

፲፰) **"ከደስተር"** ማለት የመሬት ይዞታንና ከመሬት ጋር ተያይዘው የሚገኙ ቋሚ ንብረቶች የሚመዘገቡበትና እንዲታወቁበት የሚዘጋጅ ወይም የሚሰጥ መረጃ ማለት ነው።

፪) አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ ከዚህ እንደሚከተለው ተሻሽሏል።

አንቀጽ ፲፪(፲፫) የመሬትና የአካባቢ ጥበቃ ቢሮ የሚለው እንደሚከተለው ተሻሽሏል፣

፲፫) የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃ ቢሮ

፫) በአንቀጽ ፳፯ ሥር የተዘረዘሩት የመሬትና የአካባቢ ጥበቃ ቢሮ ሥልጣንና ተግባራት እንደሚከተለው ተሻሽለዋል።

የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃ ቢሮ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፣

፩) የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃ ፖሊሲን፣ ስትራቴጂንና ህጎችን አዘጋጅቶ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፣ ሲፀድቅም ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣

፪) የክልሉን የገጠር መሬት ያስተዳድራል፣ ዘመናዊ የመሬት መረጃ አያያዝ ስርዓትን ያዘጋጃል፣ የከደስተራል ሥራ ያከናውናል፣

፫) የገጠር መሬት አጠቃቀም ዕቅድ ያዘጋጃል፣ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ ሥራ ላይ መዋሉንም ይቆጣጠራል፣ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፣

፬) የገጠር መሬት በሚሠጠው አገልግሎት እንዲለይ ያደርጋል፣ በተፈለገው ሁኔታ ለልማት ሥራ እንዲውል ከዕቅድ ጋር ለተለያዩ አካላት አሳልፎ ይሠጣል፣ ይቆጣጠራል፣

፭) የገጠር መሬትን አስመልክቶ በህግ መሰረት የገጠር መሬት ይዞታን ይመዘግባል፣ ይለካል፣ የባለቤትነት የይዞታ ምሥክር ወረቀት ለተፈቀደለት አካል ይሠጣል፣ በመሬት የመጠቀም መብት ውልን የማከራየት፣ በጋራ ማልማት፣ በስጦታ ወይም በውርስ ማስተላለፍ አስመልክቶ ይመዘግባል፣ ያረጋግጣል፣

**1. Short Title**

This Proclamation may be cited as "Proclamation No. 170/2012 A Proclamation Enacted to Revise the Powers and Duties of Oromia National Regional State Executive Organs Amendment Proclamation No. 163/2011."

**2. Amendment**

**1) Definition:**

Under definition of Proclamation No. 163/2011 Article 2 Sub Article 17, new Sub Article 2 (18) is added as follows;

18) **"Cadastre or Legal Cadastral Map"** means the data that indicates major land use map and all features found on the land with its attributes' in all direction which can be used as a base for estimation of land and property value.

2) Proclamation No. 163/2011 is amended as follows.

Article 12(13) Land and Environmental Bureau is amended as follows.

13) Rural Land and Environmental Protection Bureau.

3) Article 27 the powers and duties of Land and Environmental Bureau is amended as follows.

Rural Land and Environmental Protection Bureau shall have the following powers and duties:

1) Prepare and submit rural land and environmental protection laws, policy and strategy to the concerned body; implement the same upon approval, follow up and control its implementation;

2) Administer rural land of the region, develop modern rural land data system and prepare rural land cadastral (legal) map;

3) Prepare rural land use plan and implement the same upon approval; cause to be implimented; follow up, control; give the necessary support;

4) Identify and cluster rural land based up on its use, plan and provide the same to different organs for development work as may be necessary; control the same;

5) Register rural land possession in accordance with law, measure it, issue land holding certificate to the rightful body, register and approve agreements regarding rural land use right lease, develop commonly, donation and succession right transfer;

6) Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa investimentii qaama hayyamameef ni kenna, ni galmeessa;

7) Qabannaa fi ijaarsa seeraan alaa lafa baadiyyaa irratti gaggeeffamu ni to'ata, tarkaanfii seeraa ni fudhata, akka fudhatamu ni taasisa, qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;

8) Lafa baadiyyaa hojii misooma adda addaatiif barbaadame ilaalchisee qaama dhimmi ilaaluu wajjiin shallaggii beenyaa akkaataa seeraatiin ni raawwata, kaffaltiin beenyaa osoo lafa isaanii irraa hin ka'in dursee akka kafalamuuf ni taasisa, qaama dhimmi ilaallatu waliin ni hojjata, namoota qabiyyee isaanii gadi lakkisan deebii'anii akka of danda'an qaama dhimmi ilaaluu wajjiin ni hojjata, ni gargaara, ni hordofa, ni to'ata;

9) Lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo ilaalchisee wal diddaa uumame qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uun furmaata akka argatu ni taasisa;

10) Qaamota qabeenya uumamaa seeraan ala itti fayyadamuun dhiibbaa geessisan deebiisanii akka misoomsan ni taasisa, tarkaanfii seeraa ni fudhata, akka fudhatamus ni taasisa;

11) Lafa baadiyya hojii misoomaa fi tajaajila adda addaatiif ooluu dandaa'u qoratee ni qopheessa;

12) Lafa baadiyyaa gara magaalaatti daangeeffamu ilaalchisee ragaa barbaachisaa ta'e qopheessuun qaama dhimmi ilaallatu waliin walharkaa fudhiinsa ni raawwata;

13) Haala qabatamaa naannichaa irratti hundaa'uudhaan madaallii sadarkaa eegumsa naannoo ni qopheessa, yammuu mirkanaa'u hojii irra akka oolu ni taasisa, hojii irra oolmaa isaa ni to'ata;

14) Hojiiwwan misoomaa adda addaa gaggeeffaman kamiyyuu naannoo irratti dhiibbaa akka hin qaqqabsiifne ni to'ata;

15) Sagantaaleen pirojektoota misoomaa mootummaadhaan, miti-mootummaa fi qaamota biroon yammuu karoorfaman sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo dursee akka adeemsifamu ni taasisa, ulaagaalee sakatta'a dhiibbaa naannoof barbaachisu ni qopheessa, qaama barbaaduuf ni kenna, hojii irra oolmaa isaa ni to'ata;

16) Hafteewwan oomisha warshaalee fi hazbaan magaalota keessaa bahan sirna madaallii ikooloji akka hin xureessine ni to'ata, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamu ni taasisa;

17) Ragaalee fi odeeffannoo lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo ni gurmeessa, ni kuusa, ni bulcha, qaama dhimmi ilaaluuf ni beeksisa;



፮) የኢንቨስትመንት የገጠር መሬት ይዞታ ባለቤትነት ምስክር ወረቀትን ለተፈቀደለት አካል ይሠጣል፣ ይመዘግባል፤

፯) ህገ ወጥ የገጠር መሬት ይዞታና ግንባታን ይቆጣጠራል፣ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፣ እርምጃ እንዲወሰድም ያደርጋል፣ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤

፰) ለተለያዩ የልማት ሥራዎች የተፈለገን የገጠር መሬት አስመልክቶ ከሚመለከተው አካል ጋር የካሣ ግምትን በህግ መሰረት ይፈፅማል፣ የካሣ ክፍያው ለባለይዞታዎቹ ከመሬታቸው ሣይነሱ በፊት እንዲከፈላቸው ያደርጋል፣ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፣ ይዞታቸውን የለቀቁ ሰዎች ተመልሰው ራሳቸውን እንዲችሉ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፣ ይደግፋል፣ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፤

፱) የገጠርመሬትና የአካባቢ ጥበቃን አስመልክቶ የሚፈጠርን አለመግባባት ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን መፍትሄ እንዲያገኝ ያደርጋል፤

፲) በህገ ወጥ መንገድ የተፈጥሮ ሐብትን በመጠቀም ጉዳት ያደረሱ አካላት መልሰው እንዲያለሙት ያደርጋል፣ ህጋዊ ዕርምጃ ይወስዳል፣ እንዲወሰድም ያደርጋል፤

፲፩) ለተለያዩ አገልግሎቶችና የልማት ሥራዎች ሊውል የሚችልን የገጠር መሬት አጥንቶ ያዘጋጃል፤

፲፪) ወደ ከተማ የተከለለን የገጠር መሬት አስመልክቶ አስፈላጊውን መረጃ በማዘጋጀት ከሚመለከተው አካል ጋር የርክክብ ስርዐትን ይፈጽማል፤

፲፫) በክልሉ ተጨባጭ ሁኔታ ላይ በመመስረት የአካባቢ ጥበቃ ደረጃ መስፈርትን ያዘጋጃል፣ ሲፀድቅ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ ሥራ ላይ መዋሉንም ይቆጣጠራል፤

፲፬) ማናቸውም የሚካሄዱ የተለያዩ የልማት ሥራዎች በአካባቢ ላይ ጉዳት እንዳያደርሱ ይቆጣጠራል፤

፲፭) በመንግስት፣ መንግስታዊ ባልሆኑና በሌሎች አካላት የሚካሄዱ የልማት ፕሮጀክቶች፣ ፕሮግራሞች ሲታቀዱ አስቀድሞ የአካባቢ ተፅዕኖ ዳሰሳ ጥናት እንዲካሄድ ያደርጋል፣ ለአካባቢ ተፅዕኖ ዳሰሳው አስፈላጊውን መስፈርት ያዘጋጃል፣ ለሚፈልገው አካል ይሰጣል፣ ሥራ ላይ መዋሉንም ይቆጣጠራል፤

፲፮) የፋብሪካና ተረፈ-ምርት ዝቃጮችና ከከተሞች የሚለቀቁ ቆሻሻዎች የኢኮሎጂ ሚዛን ሥርዓትን እንዳያቆሽሹ ይቆጣጠራል፣ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፣ እንዲወሰድም ያደርጋል፤

፲፯) የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃ ማስረጃዎችና መረጃዎችን ያደራጃል፣ ያከማቻል፣ ያስተዳድራል፣ ለሚመለከተው አካል ያስታውቃል፤



6) Issue rural land investment holding certificate to the rightful body; register the same;

7) Control illegal rural land occupation and construction; take legal action, cause legal action to be taken, work with the concerned body;

8) Undertake estimation of compensation for the expropriated rural land for the purpose of development with the concerned body, pay the compensation before displacing the people from their possession; rehabilitate those displaced with the concerned body; support, follow up and control;

9) Solve disagreements regarding rural land and environmental protection with concerned body;

10) Enforce legal measures for misuse of natural resource and promote natural resource conservation and rehabilitation;

11) Prepare rural land that could be used for development and other services based on research;

12) Prepare the necessary data concerning rural land demarcated under the urban area, hand it over to the concerned body;

13) Prepare a standard for environmental protection based on the condition of the region; implement the same upon approval, control its implementation;

14) Control environmental impacts on any developmental activities;

15) Cause environmental impact assessment to be undertaken before project programmes are prepared by the government, non-governmental organizations and other organs; prepare impact assessment criteria, give same to concerned body, control its implementation;

16) Control industrial product remains and wastage released from urban areas not to pollute the ecological system, take corrective measure, cause to be taken;

17) Organize, store, administer data and information regarding rural land and environment; notify the concerned body;

18) Warshaalee fi industiriiwwan irraa gataawwan summii qaban uumama naannoo irratti miidhaa akka hin geessisneef odiitii naannoo ni gaggeessa, bakka rakkoon jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamus ni taasisa;

19) Haala qabatamaa rakkoo itti fayyadama lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo ilaalchisee hojii ijaarsa dandeettii fi hubannoon akka cimu ni taasisa;

20) Lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo ilaalchisee qaamota adda addaa waliin walitti dhufeenya ni taasisa;

21) Iddoon jireenya lubbu qabeeyyii adda addaa miidhamee jireenya isaanii irratti balaa akka hin qaqqabsiisne ni to'ata, badii uumamu irratti tarkaanfii ni fudhata, akka fudhatamus ni taasisa:

22) Manca'ina qabeenya uumamaa ni to'ata, badiin uumamee yoo argame qaama dhimmi ilaalu waliin tarkaanfii seeraa ni fudhata, akka fudhatamu ni taasisa;

23) Bulchiinsa lafa baadiyyaa fi eegumsa naannoo ilaalchisee qorannaa fi qo'annoo ni gaggeessa, bu'aan isaa akka hojii irra oolu ni taasisa.

**4. Aangoo fi Ga'een Hojii Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa ilaalchisee keewwata 16 jalatti tumamee ture haqamee kan kanatti aanee jiruun bakka bu'eera:**

1) Industiriin naannicha keessatti akka babal'atuu fi dhimmoota misooma industirii saffisiisuuf gargaaran sakatta'uun haalawwan mijaawaan akka uumaman ni taasisa;

2) Naannicha keessatti industiriiwwan xixiqqaan, giddu-galeessaa fi gurguddoon babal'atanii ce'umsi diinagdee gara industiriitti saffinaan akka taasifamu cimee ni hojjeta;

3) Gosoota Industirii tarsiima'aa ta'anif xiyyeeffannoo kennuudhaan deeggarsa addaa ni kenna;

4) Waldaalee ogummaa gama industiriitiin gurmaa'an ni jajjabeessa, deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;

5) Imaammata, tarsiimoo fi sagantaalee misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa ni qopheessa, yoo hayyamame akka hojii irra oolu ni taasisa;

6) Sirni hammayyaa'aan misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalaa akka diriiru ni taasisa, ni deeggara, ni to'ata, ni hordofa;

7) Lafti magaalaa pilaanii magaalaa eegee qusannoo fi faayidaa ol'aanaaf akka oolu qajeelfamootaa fi hojimaata ni qopheessa, akka hojii irra oolu ni taasisa, ni to'ata, ni hordofa;

8) Magaalonni naannichaa dorgomawaa, jiruu fi jireenyaaf mijaa'oo, magarisaa fi qulqullinaan hawwattoota akka ta'an ni hojjeta, ni deeggara;

፲፰) ከፋብሪካዎችና ኢንዱስትሪዎች የሚለቀቁ መርዛማ ንጥረ ነገሮች በአካባቢ ስነ-ምኅዳር ላይ ጉዳት እንዳያደርሱ የአካባቢ ኦዲትን ያካሄዳል፣ ችግር ባለበት ቦታ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፣ እንዲወሰድም ያደርጋል፤

፲፱) የገጠር መሬት አጠቃቀምና የአካባቢ ጥበቃን ተጨባጭ ችግር አስመልክቶ የአቅም ግንባታ ሥራና ግንዛቤ እንዲጎለብት ያደርጋል፤

፳) የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃን አስመልክቶ ከተለያዩ አካላት ጋር ግንኙነት ይፈጥራል፤

፳፩) የተለያዩ ህይወት ያላቸው ነገሮች የመኖሪያ አካባቢ ተጎድቶ በህይወታቸው ላይ ጉዳት እንዳያደርስ ይቆጣጠራል፣ በሚደርሰው ጥፋት ላይ እርምጃ ይወስዳል፣ እንዲወሰድም ያደርጋል፤

፳፪) በተፈጥሮ ሐብት ላይ የሚደርሰውን ጥፋት ይቆጣጠራል፣ ጥፋት ተፈጽሞ ሲገኝ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፣ እንዲወሰድም ያደርጋል፤

፳፫) የገጠር መሬትና የአካባቢ ጥበቃ አስዳደርን አስመልክቶ ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፣ ውጤቱ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል::

**፬) የኢንዱስትሪና ከተማ ልማት ቢሮን አስመልክቶ በአንቀጽ ፲፮ ሥር የተዘረዘሩት ሥልጣንና ተግባራት ተሰርዘው ከዚህ ቀጥሎ ባሉት ተተክተዋል::**

፩) ኢንዱስትሪ በክልሉ ውስጥ እንዲስፋፋና የኢንዱስትሪ ልማት እንዲፋጠን የሚረዱትን ጉዳዮች በመፈተሽ አመቺ ሁኔታዎች እንዲፈጠሩ ያደርጋል፣

፪) አነስተኛ፤ መካከለኛና ትላልቅ ኢንዱስትሪዎች በክልሉ ውስጥ ተስፋፍተው ወደ ኢንዱስትሪ የሚደረገው የኢኮኖሚ ሽግግር እንዲፋጠን ጠንክሮ ይሠራል፣

፫) ስትራቴጂክ ለሆኑ የኢንዱስትሪ ዘርፎች ትኩረት በመስጠት ልዩ ድጋፍ ይሠጣል፣

፬) በኢንዱስትሪ ዘርፍ የተደራጁ የሙያ ማህበራትን ያበረታታል፣ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፣

፭) የከተማ መሬት ልማትና አስተዳደር ፖሊሲ፣ ስትራቴጂንና ፕሮግራሞችን ያዘጋጃል፣ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣

፮) ዘመናዊ የከተማ መሬት ልማትና አስተ ዳደር ሥርዓት እንዲዘረጋ ያደርጋል፣ ድጋፍ ይሠጣል፣ ይቆጣጠራል፣

፯) የከተማ መሬት ፕላኑን ጠብቆ ቁጠባን መሠረት ባደረገ ሁኔታ ለከፍተኛ ጥቅም እንዲውል መመሪያዎችንና አሠራሮችን ያዘጋጃል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ ይቆጣጠራል፤ ይከታተላል፣

፰) የክልሉ ከተሞች ተወዳዳሪ፣ ለኑሮ ተስማሚ፣ አረንጓዴና በፅዳታቸው ማራኪ እንዲሆኑ ይሠራል፤ ይደግፋል፣

18) Carry out environmental audit to prevent pollution of poisonous wastages released from factories and industries; take corrective measures; cause to be taken;

19) Undertake capacity building and awareness creation based on existing problems of rural land use and environmental protection;

20) Communicate with different organs regarding rural land and environmental protection;

21) Control the natural habitat of living things from degradation to protect from being harmed; take measures on wrongs done; cause to be taken;

22) Control natural resource degradation; if found wrongly exploited take legal measure with the concerned b[illegible]; cause to be taken;

23) Undertake research regarding administration of rural land and environmenal protection; implement its result.

**4) Power and Duties of Industry and Urban Development Bureau Proclaimed under Article 16 shall be amended as follows;**

1) Create conducive conditions for the the expansion of industries and to speed up industrial development in the region;

2) Work strongly with a view to expand small, middle and heavy industries to realize fast economic transformation to industry;

3) Give due attention and special sup[illegible] to strategic industrial sectors;

4) Encourage and give necessary support for professional associations organized under the industrial sectors;

5) Prepare policy, strategy and programs relating to urban land development and administration; upon approval implement the same;

6) Expand modern urban land development and administration system; support and control;

7) Issue directives and administrative guide-line to ensure urban land use with maximum economical benefit in accordance with urban plan; implement the same; control and follow up;

8) Work and support towns of the region to become competitive, clean and attractive for the dwellers;

9) Magaaloota keessattii fi daangaa magaalotaa irratti ijaarsi seeraan alaa akka hin babal'anne qaama dhimmi ilaalu waliin ykn ofii isaatii qajeelfamaa fi hojimaata ni qopheessa, hojii irra oolmaa isaa ni hordofa, ni to'ata;

10) Magaalota keessatti haala qabiinsa ragaa lafaa fi qabeenya lafaan walqabatee jiru sirna kaadastaraatiin akka qabamuu fi gurmaa'u sochii hojii gama kanaan magaalota keessatti gaggeeffamu ni qindeessa, ni to'ata, hojii irra akka oolu ni taasisa;

11) Qophii fi raawwii karoora hojii fi baajata bulchiinsa magaalotaa yeroo yeroodhaan ni hordofa, ni gamaaggama, ni qindeessa;

12) Misooma magaalaa, diizaayinii fi ijaarsa gamoowwanii ilaalchisee imaammata, tarsiimoo fi seeronni mootummaan bahan hojii irra ooluu isaanii ni hordofa, ni to'ata;

13) Mirgi ofiin of bulchuu magaalotaaf kenname haala itti cimu irratti qorannoo ni gaggeessa, dandeettii raawwachiisummaa isaanii akka guddisan deeggarsa ni kenna;

14) Bakka bu'ummaa argatuun sadarkaa guddinaa fi qaama seerummaa magaalummaa ni kenna;

15) Magaalota keessatti misooma ariifachiisaa fiduuf, akkasumas dimookiraasii fi bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf tattaaffii taasifamuuf deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;

16) Rakkinni mana jireenyaa magaalota keessa jiru haala itti salphatu qorachuudhaan mootummaadhaaf yaada murtii ni dhiyeessa, yammuu mirkanaa'u hojii irra akka oolu ni taasisa;

17) Namoota mana jireenyaa ijaarachuuf waldaan gurmaa'an ilaalchisee qajeelfama ni qopheessa, hojii irraa akka oolu ni taasisa, ni hordofa, ni to'ata;

18) Tajaajiloonni bu'uura misoomaa adda addaa kan akka ibsaa, bishaanii, bilbilaa, daandii, sarara dhangala'aa fi kan kana fakkaatu magaalota keessatti akka babal'atu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta, haala ni mijeessa;

19) Magaalonni humna galii isaanii akka cimsatan qaama dhimmi ilaalu waliin yeroo yeroon qunnamtii taasisuun haala mijaa'aa ni uuma, ni hordofa, deeggarsa barbaachisaa ta'es ni kenna;

20) Gatii kiraa fi akkaataa murteen gibira manaa itti murtaa'u qajeelfama ni qopheessa, yammuu hayyamamus hojii irra akka oolu ni taasisa;

21) Gatii yeroo meeshaa ijaarsaa fi humna namaa qindeessuun seektaroonni akka beekan ni taasisa;



፱) በከተሞች ውስጥና በድንበራቸው ላይ ሕገወጥ ግንባታ እንዳይስፋፋ ከሚመለከተው አካል ጋር ወይም እራሱ መመሪያና አሠራር ያዘጋጃል፣ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣

፲) በከተሞች ውስጥ የከተማ መሬትና ከመሬት ጋር ተያይዞ ያለ ንብረት በካደስተር ሥርዓት እንዲያዝና እንዲደራጅ በከተሞች ውስጥ ያለውን የስራ እንቅስቃሴ ያስተባብራል፣ ይቆጣጠራል፣ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣

፲፩) የከተሞች አስተዳደር፣ የሥራና በጀት ዕቅድ አዘገጃጀትንና አፈፃፀምን በየጊዜው ይከታተላል፣ ይገመግማል፣ ያስተባብራል፣

፲፪) የከተማ ልማት፣ ዲዛይንና የህንፃ ግንባታን አስመልክቶ መንግስት ያወጣቸው ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂና ህጎች በሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣

፲፫) ለከተሞች የተሰጠው ራስን በራስ የማስተዳደር መብት በሚጠናከርበት ሁኔታ ላይ ጥናት ያካሄዳል፣ የማስፈፀም አቅማቸውን እንዲያሣድጉ ድጋፍ ይሠጣል፤

፲፬) በሚያገኘው ውክልና ለከተሞች የዕድገት ደረጃና ህጋዊ ሰውነት ይሠጣል፤

፲፭) በከተሞች ውስጥ ፈጣን ልማት ለማምጣት፣ እንደዚሁም ዲሞክራሲንና መልካም አስተዳደርን ዕውን ለማድረግ ለሚደረገው ጥረት አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል፤

፲፮) በከተሞች ውስጥ ያለው የመኖሪያ ቤት ችግር የሚቃለልበትን ሁኔታ አጥንቶ የውሣኔ ሃሣብ ለመንግስት ያቀርባል፣ሲፀድቅም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

፲፯) የመኖሪያ ቤት ለመስራት በማሕበር የሚደራጁትን ሠዎች አስመክልቶ መመሪያ ያዘጋጃል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ይቆጣጠራል፣

፲፰) እንደ መብራት፣ ውሃ፣ሥልክ፣ መንገድ፣ የፍሣሽ ማስወገጃ ቱቦዎችና የመሣሠሉት በከተሞች ውስጥ እንዲስፋፉ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፣ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

፲፱) ከተሞች የገቢ አቅማቸውን እንዲያጠናክሩ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በየጊዜው ግንኙነት በማድረግ አመቺ ሁኔታዎችን ይፈጥራል፣ ይከታተላል፣ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፤

፳) የኪራይ ዋጋና የቤት ግብር ውሣኔ የሚወሰንበትን መመሪያ ያዘጋጃል፣ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

፳፩) ወቅታዊ የግንባታ እቃዎችንና የሰው ጉልበት ዋጋን በማቀናጀት መሥሪያቤቶች እንዲያውቁዋቸው ያደርጋል፤



9) Issue directives and guide-line alone or with concerned body to control illegal urban expansion and construction; control and follow up its implementation;

10) Organize data regarding land and property related to land as per cadasteral map system; control, cause to be implemented;

11) Coordinate, follow up and evaluate preparation and implementation of budget and plan of urban administration;

12) Control and follow up the implementation of urban development construction design policies, strategies and laws;

13) Undertake research to strengthen urban self governance and support to build their performance capacity;

14) Give legal personality and development level to cities upon representation;

15) Give necessary support for activities undertaken to enhance sustainable development and realize democracy and good governance in urban areas;

16) Study and submit proposal to the government on conditions how to minimize urban housing problem and implement upon approval;

17) Issue directives for those organized in associations to build residential houses; implement the same; control its implementation;

18) Cooperate with concerned body and facilitate conditions to develop and provide infrastructure service such as electricity, water, telephone, road, and sewerage lines;

19) Create conducive conditions with the concerned body to strengthen the revenue generating capacity of towns; follow up; provided necessary support;

20) Prepare directive on rental house price and rental house income tax; implement the same upon approval;

21) Organize and notify government sectors current construction materials and labor power price;

22) Magaalonni humna tajaajilaa fi bu'uura misoomaa diriirsuuf dandeettii cimsachuuf kan isaan dandeessisu deeggarsa akka argatan dhaabbilee miti-mootummaa fi qaamota gargaarsaa biroo waliin qunnamtii in taasisa, haala ni mijeessa, ni hordofa, magaalonnis magaalota biyya biroo waliin michummaa akka uummatan qaama ilaalu waliin ni hojjeta;

23) Magaalota keessatti rakkoon diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa haala furmaata itti argachuu danda'u ilaalchisee qaama mootummaa dhimmi ilaalu waliin ni qorata, tooftaa ni baasa, akka hojii irra oolus ni taasisa;

24) Dandeettii raawwachiisummaa magaalotaa cimsuuf leenjiiwwan adda addaa qopheessee ni kenna, akka kennamus haala ni mijeessa;

25) Bulchiinsa magaalotaa gidduutti walitti dhufeenyii fi wal gargaarsi akka jiraatu ni qindeessa, waldaan gurmaa'anii akka wal-deeggaran qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;

26) Manneen mootummaa magaalota keessatti argaman akkaataa itti bulanii fi darban ilaalchisee qajeelfama ni qopheessa, yammuu mirkanaa'us hojii irra akka oolu ni taasisa;

27) Guddinni magaalotaa fi baadiyyaa akka wal deeggaraa deemuu qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;

28) Magaalonni haala hammayyummaa qabuun pilaanii magaalaa eeganii deemuu isaanii ni hordofa, ni to'ata, pilaaniin magaalaa sadarkaa isaa eegees akka qophaa'uuf deeggarsa barbaachisaa ni kenna;

29) Damee ijaarsaa keessatti haala hirmaannaan hawaasaa itti babal'atu ni qorata, hojii irra ni oolcha;

30) Sadarkaa fi koodota ijaarsa gamoo naannichaa ni qopheessa, diizaayniin ijaarsaa naannicha keessatti gaggeeffaman sadarkaa fi koodii eegu isaanii xiinxaluudhaan ni mirkaneessa, ol'aantummaan ni to'ata;

31) Diizaayiniin pirojektoota ijaarsaa dhuunfaa yookiin investimentii gaggeeffaman sadarkaa fi koodii eegu isaanii ni xiinxala, ni mirkaneessa, hayyama hojii ijaarsaa ni kenna, yookiin qaamni biroo akka kennu bakka bu'iinsa ni kenna;

32) Pirojektoota baajata mootummaatiin gaggeeffamaniif waliigalteewwan hojii fi diizayinii ijaarsaa akka qophaa'u ni taasisa, barbaachisaa ta'ee yoo argame ni qopheessa, waliigaltee hojii ijaarsaa mootummaa bakka bu'uun ni mallatteessa, raawwii isaa ni hordofa, ni to'ata;

፳፪) ከተሞች የአገልግሎት ሐይልና መሰረተ ልማት ለመዘርጋት የሚያስችላቸውን አቅም ለማጠናከር የሚያስችላቸውን ድጋፍ እንዲያገኙ መንግስታዊ ካልሆኑ ድርጅቶችና ከሌሎች የዕርዳታ አካላት ጋር ግንኙነት ያደርጋል፣ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፣ ይከታተላል፣ ከተሞችም ከሌሎች ሀገሮች ከተሞች ጋር ወዳጅነት እንዲፈጥሩ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፣

፳፫) በከተሞች ውስጥ ኢኮኖሚያዊ፣ ማህበራዊና ፖለቲካዊ ችግሮች መፍትሄ ሊያገኙ የሚችሉበትን ሁኔታ አስመልክቶ ጉዳዩ ከሚመለከተው የመንግስት አካል ጋር ያጠናል፣ ስልትን ይቀይሳል፤ በስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣

፳፬) የከተሞችን የማስፈፀም አቅም ለማጠናከር የተለያዩ ሥልጠናዎችን አዘጋጅቶ ይሠጣል፣ እንዲሠጡም ሁኔታዎችን ያመቻቻል፣

፳፭) በከተሞች አስተዳደር መካከል ግንኙነትና መረዳዳት እንዲኖር ያቀናጃል፣ በማህበራት ተደራጅተው እንዲደጋገፉ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሠራል፣

፳፮) በከተሞች ውስጥ የሚገኙ የመንግስት ቤቶች የሚተዳደሩበትና የሚተላለፉበትን ሁኔታ አስመልክቶ መመሪያ ያዘጋጃል፣ ሲፀድቅም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣

፳፯) የከተሞችና የገጠር ዕድገት እየተደጋገፈ እንዲሄድ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፣

፳፰) ከተሞች ዘመናዊነትን መሰረት ባደረገ ሁኔታ የከተማ ፕላንን ጠብቀው መሄዳቸውን ይከታተላል፣ይቆጣጠራል፣ ደረጃውን የጠበቀ የከተማ ፕላን እንዲዘጋጅ አስፈላጊውን ድጋፍ ይሠጣል፣

፳፱) በግንባታው ዘርፍ ውስጥ የህብረተሰቡ ተሳትፎ የሚስፋፋበትን ሁኔታ ያጠናል፣ ሥራ ላይ ያውላል፣

፴) የክልሉን የሕንፃ ግንባታ ደረጃና ኮድ ያዘጋጃል፣ በክልሉ ውስጥ የሚካሄዱ የግንባታ ዲዛይኖች ደረጃና ኮድ መጠበቃቸውን መርምሮ ያረጋግጣል፣ በበላይነትም ይቆጣጠራል፣

፴፩) የግል ፕሮጀክቶች ግንባታ ዲዛይን ወይም በኢንቨስትመንት የሚካሄዱ የሕንፃ ግንባታዎች ደረጃና ኮድ መጠበቃቸውን ይመረምራል፣ ያረጋግጣል፣ የግንባታ ሥራ ፈቃድ ይሠጣል፣ ወይም ሌላ አካል እንዲሰጥ ውክልና ይሠጣል፣

፴፪) በመንግስት በጀት ለሚካሄዱ ፕሮጀክቶች የሥራና የግንባታ ዲዛይን ውሎች እንዲዘጋጁ ያደርጋል፣ አስፈላጊ ሆኖ ሲያገኘው ያዘጋጃል፣ የመንግስት የግንባታ ሥራ ውሎችን መንግስትን በመወከል ይፈርማል፣ አፈፃፀሙን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣

22) Establish good relationship and create strong support of non-governmental organizations and other donor to enhance urban capacity building to provide and facilitate service and infrastructure of the urban and establish collaboration and friendship with the city of other countries;

23) Undertake a study and devise a means to resolve social, economic and political problems of urban area in collaboration with the concerned bodies; implement the same;

24) Prepare and give different trainings to strengthen the capacity of urban; facilitate conditions for trainings to be given;

25) Coordinate the relationship among cities to support each other; work with the concerned body for towns to be organized in associations and support each other;

26) Issue directives as to how government houses are administered and transfered; implement up on approval;

27) Work for urban and rural development linkage in collaboration with concerned body;

28) Control and follow up cities whether they follow the master plan in a modern way; give the necessary support in the preparation of master plan;

29) Undertake study on conditions that increase participation of the society on the construction sector implement same;

30) Prepare regional building standard and code; examine and approve regional building designs comply with the standards and code of the region;

31) Evaluate and approve whether private or investment building project designs comply with the standards and code; issue construction work license or empower other organs to do same;

32) Cause the preparation or prepare design and construction work agreement for construction projects run by government budget; sign govenmental construction work agreements on behalf of the government; follow up and supervise its implementation;

33) Ijaarsa pirojektoota mootummaa ilaalchisee madaallii caalbaasii xiinxalee ni mirkaneessa, yookiin qaama birootiif bakka bu'iinsa ni kenna;

34) Jijjiirama yookiin dabalata hojii ijaarsaa, jijjiirama gatii, waldiddaa pirojektoota ijaarsaa irratti uumamuu fi gaaffiilee kanneen irratti dhihaatan xiinxalee furmaata akka argatan haala ni mijeessa;

35) Ijaarsa pirojektoota gamoowwan mootummaan gaggeessu ni hordofa, kaffaltiin akka raawwatamu ni taasisa, raawwii isaas ni madaala, rakkoo mudate qorachuun yaada furmaataa mootummaadhaaf ni dhiheessa;

36) Sadarkaa caalbaasii, ijaarsaa fi walharkaa fuudhiinsa ijaarsa gamoowwanii ilaalchisee yeroo barbaachisaa ta'etti to'annoo ni gaggeessa, tarkaanfii sirreeffamaas ni fudhata;

37) Meeshaa ijaarsaa naannootti argamuun gamoowwan akka ijaaramanii fi gatiin pirojektoota gamoowwanii akka gadi bu'u qorannoo fi sadarkaa adda addaa qopheessee akka hojii irra oolu ni taasisa;

38) Hojii ijaarsaa irratti hirmaachuudhaaf gaaffiin hayyama kontiraaktarummaa fi gorsitootaa yammuu dhiyaatu xiinxaluudhaan hayyama ogummaa ni kenna, ni haaroomsa, sadarkaa ni guddisa, ni galmeessa, hayyamni kenname seeraa fi naamusaan ala hojii irra ooluu isaa yoo mirkanesse ni haqa, haala raawwii isaanii irratti hundaa'uun kontiraaktaroota fi gorsitoota gareedhaan addaan baasee seektaroonni akka beekan ni taasisa;

39) Sadarkaa diizaayinii bulchiinsa kontiraataa, ijaarsaa fi gatii piroojektoota gamoowwanii akka qophaa'u ni taasisa, kan qophaa'ee dhihaate ni mirkaneessa, dhimmoota kana ilaalchisee mootummaadhaaf gorsa ni kenna;

40) Bu'uura misoomaa magaalota keessatti hojjetamaniif hojii diizaayinii fi sadarkaa ijaarsaa eeggatanii hojjetamuu isaanii ni xiinxala, ni mirkaneessaa.

፴፫) የመንግስት የግንባታ ፕሮጄክቶችን አስመልክቶ የጨረታ መመዘኛን ገምግሞ ያፀድቃል፣ ወይም ለሌላ አካል በውክልና ይሠጣል፣

፴፬) ተጨማሪ የግንባታ ሥራ ወይም ለውጥ፣ የዋጋ ለውጥ፣ በግንባታ ፕሮጄክቶች ላይ የሚፈጠሩ አለመግባባቶችና በነዚህ ጉዳዮች ላይ የሚቀርቡ ጥያቄዎችን በመመርመር መፍትሄ እንዲያገኙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፣

፴፭) መንግስት የሚያካሄዳቸውን የህንፃ ግንባታ ፕሮጀክቶችን ይከታተላል፣ ክፍያ እንዲፈፀም ያደርጋል፣ አፈፃፀሙን ይመዝናል፣ ያጋጠሙ ችግሮችን አጥንቶ የመፍትሄ ሃሣብ ለመንግስት ያቀርባል፣

፴፮) የሕንፃ ግንባታዎችን የጨረታ፣ የግንባታና የአረካከብ ደረጃን አስመልክቶ አስፈላጊ በሆነ ጊዜ ቁጥጥር ያደርጋል፣ የማስተካከያ ዕርምጃም ይወስዳል፣

፴፯) ሕንፃዎች በአካባቢ በሚገኙ የግንባታ እቃዎች እንዲሰሩና የሕንፃ ፕሮጀክቶች ዋጋ እንዲቀንስ ጥናትና የተለያዩ ደረጃዎችን አዘጋጅቶ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣

፴፰) በግንባታ ሥራ ላይ ለመሣተፍ የኮንትራክተርነትና አማካሪነት ፈቃድ ጥያቄ ሲቀርብ መርምሮ የሙያ ፈቃድ ይሰጣል፣ ያድሳል፣ ደረጃን ያሳድጋል፣ ይመዘግባል፣ የተሰጠው ፈቃድ ከህግና ከሙያ ሥነ ምግባር ውጪ በስራ ላይ መዋሉን ካረጋገጠ ይሰርዛል፣ በአፈፃፀማቸው ላይ ተመስርቶ ኮንትራክተሮችና አማካሪዎችን በቡድን በመለየት ሴክተሮች እንዲያውቋቸው ያደርጋል፣

፴፱) የሕንፃ ፕሮጀክቶችን የኮንትራት ዲዛይን ደረጃ፣ ግንባታና ዋጋ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፣ ተዘጋጅቶ የቀረበውን ያፀድቃል፣ እነዚህን ጉዳዮች በማስመልከት ለመንግስት ምክር ይሠጣል፣

፵) በከተሞች ውስጥ የሚሰሩ መሰረተ ልማቶች ዲዛይንና የግንባታ ሥራዎች ደረጃቸውን ጠብቀው መሠራታቸውን ይገመግማል፣ ያፀድቃል።

33) Evaluate and approve bid documents pertaining to government construction projects; empower other organs to do same;

34) Examine and facilitate conditions to give solution for variation or addition of construction work, price fluctuation, disputes relating to construction of projects

35) Follow up government building construction projects; cause payment; evaluate its performance; find solution for problems and propose recommendations for the government;

36) Undertake control, regarding bid standard construction and transfer of building construction when necessary; take corrective measure;

37) Undertake study and prepare various standards to construct buildings using local materials to minimize construction costs; implement the same;

38) Evaluate a request submitted to become a contractor and consultant issue license for contractors and consultants; renew; upgrade; register; cancel where it is used unlawfully and unethically; notify sectors by classifying contractors and consultants based on their performance;

39) Cause the preparation of design standard, contract administration, building construction and project price; approve the same; give advice to the government concerning these matters;

40) Evaluate and approve whether infrastructures undertaken in the urban areas are done as per the design and construction standards.

**5. Aangoo fi Ga'een Hojii Ejensii Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa ilaalchisee Keewwata 40(19) tti aanee Keewwanni Xixiqqaan 40(20) fi 40(21) haaraa dabalamee jira;**

20) Ejensiin Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa waldaa maayikiroo fi xixiqqaa ni gurmeessa, hayyama ni kenna, ni haaroomsa, ni to'ata, ni haqa, ni deeggara;

21) Herrega Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa ni qorata, akka qoratamu ni taasisa, raawwii hojii fi qabiinsa qabeenya isaanii irratti hojii inispeekshinii gaggeessuun tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.

**6. Aangoofi Ga'ee Hojii Ejensii Geejjibaa ilaalchisee Keewwata 41(16)tti aanee Keewwattoonni Xixiqqaan 41(17), 41(18) fi 41(19) akka armaan gadiitti dabalamanii jiru;**

17) Abbootii qabeenyaa konkolaataa fe'uumsaa fi deddeebisaa ummataa waldaan ni hundeessa, hayyama waldaa ni kenna, ni haaroomsa, ni to'ata, ni haqa;

18) Hojii to'annoo tiraafikaa geejjiba daandii irratti gaggeeffamu ni raawwata, raawwii isaa ni hordofa, ni qorata, ni sirreessa;

19) Waliigaltee kiraa konkolaataa ni galmeessa, ni eega.

**3. Bulchiinsa Magaalotaa**

Aangoo fi ga'een hojii misoomaa fi bulchiinsa lafa magaalotaa ilaalchisee seerota dhimmi ilaaluun kennamee ture akkuma eegametti ta'ee, ga'een hojii armaan gadii kennameefii jira;

1) Bulchiinsi magaalaa, lafa maastar pilaanii magaalaatiin hammatame ykn daangaa magaalaa keessa jiru ni misoomsa, ni bulcha;

2) Qajeelfama qophaa'u irratti hundaa'uun namoota mana jireenyaa ijaarrachuuf waldaan gurmaa'an ni galmeessa, waraqaa ragaa qaama seerummaa ni kenna, manneen jireenyaa qusaannaan ijaaraman ilaalchisee qorannaa ni gaggeessa, yammuu hayyamamus hojiirra ni oolcha;

3) Waliigaltee bittaa, gurgurtaa fi kiraa manaa fi manneen wabiin qabamanii ni galmeessa.

**4. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Itti Oolu**

Labsiin kun Guraandhala 16 bara 2004 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Finfinnee, Guraandhala 16 Bara 2004**

**Alamaayyoo Atoomsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**፭. የጥቃቅንና አነስተኛ ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ ኤጀንሲ ሥልጣንና ተግባራት በሚመለከት ከአንቀፅ ፵(፲፱) ቀጥሎ አዳዲስ ንዑስ አንቀፆች ፵(፳) እና ፵(፳፩) ተጨምረዋል፣**

፳) የጥቃቅንና አነስተኛ ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ ኤጀንሲ የጥቃቅንና አነስተኛ ማህበራትን ያደራጃል፣ ፍቃድ ይሰጣል፣ ያድሳል፣ ይቆጣጠራል፣ ይሠርዛል፣ ድጋፍ ይሠጣል፣

፳፩) የጥቃቅንና አነስተኛ ማይክሮ ኢንተርፕራይዞችን ሒሳብ ይመረምራል፣ እንዲመረመር ያደርጋል፣ በስራ አፈጻጸማቸውና ንብረት አያያዛቸው ላይ የቁጥጥር ሥራ በማካሄድ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል።

**፮. የትራንስፖርት ኤጀንሲ ሥልጣንና ተግባራት በሚመለከት ከአንቀፅ ፵፩(፲፮) ቀጥሎ አዳዲስ ንዑስ አንቀፆች ፵፩(፲፯)፣ ፵፩(፲፰) እና ፵፩(፲፱) ከዚህ እንደሚከተለው ተጨምረዋል፣**

፲፯) የጭነትና የሕዝብ ማመላለሻ ትራንስፖርት ባለንብረቶችን በማሕበር ያደራጃል፣ ለማህበራት ፍቃድ ይሰጣል፣ያድሳል፣ ይቆጣጠራል፣ ይሰርዛል፣

፲፰) የሕዝብ ማመላለሻ ትራንስፖርት የመንገድ ላይ የትራፊክ ቁጥጥር ያደርጋል፣ የትራፊክ አፈፃፀሙንም ይከታተላል፣ ይመረምራል፣ ያስተካክላል፣

፲፱) የመኪና ኪራይ ውል ይመዘግባል፣ ይጠብቃል።

**፫. የከተማ አስተዳደር**

ልማትና የከተማ መሬት አስተዳደርን አስመልክቶ ጉዳዩ በሚመለከታቸው ህጎች የተሰጡ ሥልጣንና ተግባራት እንደተጠበቁ ሆነው ከዚህ የሚከተለው የሥራ ድርሻ ተሰጥቶታል።

፩) የከተማ አስተዳደር በከተማ ማስተር ፕላን ውስጥ የታቀፈ ወይም በከተማ ድንበር ውስጥ የተከለለ መሬትን ያለማል፣ ያስተዳድራል፣

፪) በተዘጋጀው መመሪያ ላይ በመመስረት የመኖሪያ ቤት ለመስራት በማሕበር የሚደራጁትን ሠዎች ይመዝግባል፣ የህጋዊ ሰውነት ምስክር ወረቀት ይሰጣል፣ በቁጠባ የሚገነቡትን የመኖሪያ ቤቶች አስመልክቶ ጥናት ያካሄዳል፣ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፣

፫) የቤቶች ግዢ፣ ሽያጭ፣የቤት ኪራይና በዋስትና የተያዙ ቤቶችን ውል ይመዘግባል።

**፬. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ ከየካቲት ፲፮ ቀን ፪ሺ፬ዓ.ም ጀምሮ በሥራ ላይ የሚውል ይሆናል ።

**ፊንፊኔ የካቲት ፲፮ ቀን ፪ሺ፬ ዓ.ም**

**አለማየሁ አቶምሳ**

**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዚዳንት**

**5. Power and Duties of Macro and Small Enterprise Agency next to Article 40(19) shall be added new Sub Articles 40(20) and 40(21) as follows:**

20) Macro and Small Enterprise Agency shall organize macro and small enterprise associations; give license; renew; control; cancel; give support;

21) Audit Macro and Small Enterprise account, cause to be audited; inspect their performance and handling of property and take corrective measures.

**6. Power and Duties of Transport Agency Next to Article 41(16) shall be added new Sub Articles, 41(17), 41(18) and 41(19) as follows:**

17) Organize owners of public and goods transport vehicles in associations; give license, renew, control and cancel;

18) Take traffic controlling activities of transport vehicles; follow up and examine its performance; give corrections;

19) Register and keep car rental agreements.

**3. City's Administration**

Notwithstanding, the Power and Duties of City Administration Proclamation and other laws, it shall have the following power:

1) Develop and administer urban land found in city's master plan or demarcated to the city's boundary;

2) Register and issue legal personality certificates for persons organized in associations to construct residential houses based on directives issued; undertake study on conditions how residential houses can be built; implement upon approval;

3) Register contractual agreement pertaining to sale of house, rent of house and house under suretyship.

**4. Effective Date**

This proclamation shall come into force as of February 24, 2012.

**Finfinne, February 24, 2012**

**Alemayehu Atomsa**

**President of the National Regional State of Oromia**